

# KAROORA HOJII HAWAASOTA AFRIKAA VIKTORIYAA

## Cuunfaa yaada jechoota Oromo ifaadhaan

**Karooricha guutummaa dubbisuuf [www.multicultural.vic.gov.au](http://www.multicultural.vic.gov.au) ilaali. Akeekni Karoora Hojii Hawaasota Africa Victoria kan waggota 10 kun simannaa hawaasotaa guddisuu, itti baha fooyyessuu fi dhalootaan Afrikaanota Victoria kan tahaniif hiree gara fuulduraa uumuudhaaf.**

Karoorri Hojii kun Hawaasota Afrikaa Victoria tiin Hawaasota Afrikaa Victoria tiif qophaa'e.

Karoorri kun Gartuu Hojiftu Ministeerummaa Afrikaanotaa (African Ministerial Working Group – AMWG) gartuulee adda addaa 22 namoota duubbeen dhaloota isaanii Afrikaa irraa taheen Onkololessa 2016 hanga Guraandhala 2018 qophaa'e. Ogguu kanatti namootni dhibbootaan lakkaayaman Hawaasota Afrikaa Victoria keessaa yaada isaanii itti kennuudhaan akka karoorri kun bifa qabaatu gargaaranii jiran.

Karoorri Hojii kun dhibdeele bebbeekamoo jiranitti deebii kennuu, fi namootni akka murtii ofii isaanii itti kennatanii jireenya isaanii fooyyeffataniif utubuu fi gargaaruudhaaf.

## HAWAASOTNI GAGGEESSUMMAA KEESSATTI GAHEE GUDDAA XABATU

Karoorri Hojii kun Hawaasotni Afrikaa Victoria kan ofii godhatuu, gaggeessuu fi qaama furmaataa akka tahan gaafata. Kunis itti wal tahuu, qabeenyaa, ogummaa (expertise), beekumsa fi jijjiirama turaa akkamitti akka uumuun danda'amu beekuu kan gaafatuu dha.

Akkasumas Karoorri Hojii kun nagahooma (wellbeing) jiru fooyyessuu gargaaruuf jecha mootummootni, ummatni, akka dhuunfaattis, dareen barnootaa, qaamoleen dhaabbilee hadhaadhiyaa (philanthropic) akka hawaasota Africa waliin walitti dhiheenyaan hojjetaniif ni gaafata.

Karoorri Hojii kun Kaayyoo furtuu ta'e afuriin deggeramee jira:

- › Dandeettii fi beekumsa hawaasaatti gargaaramuu
- › Itti gaafatamummaa qabaachuu

- › Waliin wal-tahiinsa Hojjachuu
- › Jijjiirama itti-fufiinsa qabu uumuuf fuuleffachuu

## JIJJIIRAMA WAARAA (ITTI-FUFIINSAA)TIIF HOJJACHUU

Karoorri Hojjichaa xiyyeeffannoo bakka jahatti taasifachuudhaan karoorra 250 ol tahe akka yaadaatti dhiheessee dha.

Hojiin akeekames namootni hundi akka hammataman, akka isaan itti gumaachanii fi jireenya isaanii fooyyeesataniif hiree uumuufii dha.

Hawaasota Africa Victoria tumsuufis hojii kana dura hawaasaan. Mootummaa fi warreen kaaniin hojjetaman dagaagsuu dha.

## XIYYEEFFANNOOWAN JAHAN KAROORA HOJII KANAA

### 1. Daldala

Kalaqa (innovation), dhaabbatummaa (enterprise) fi hoomishata (investment) roga diinagdee hunda keessatti qooda Africa Victorian qabaatan guddisuu

### 2. Dalagaa argachuu

Dirree hojii hunda keessaa dalagaa argachuuf beekumsaa fi daandii itti bahiinsaa (pathways) jabeessuu

### 3. Barmootaa fi leenjii

Bu'ura jabaa barmootaa fi beekumsaa kan jireenyaaf tahu jabaa tahe argachuu

### 4. Fayyaa fi Nagahooma

Nagahooma gamtoomaa, kan qalbii fi qaamaa namoota hundaa ol kaasuu

### 5. Keessatti hammatamuu fi aangeffamuu

Namootni wal-qixummaa, haqa-qabeessummaa fi kabajaa akka qabaataniif tumsuu

### 6. Hogganummaa, walittidhufeenyaa fi walqabatiinsa

Hogganummaa, walittidhufeenya hawaasotaa fi wal qabatiinsa jabaa hawaasa bal'aa gidduutti kan jabeenya qabu Victoria keessatti akka uumamu gumaachuu itti fufuu

## KAROORA HOJICHA GABAABAATTI

### Dhaadata waloo sadii

Fuulleffata hundaaf dhaadatni kun sadankan waliinii kan tahanii dha. Isaanis akkaataa itti karoorichi hujii irra itti oolu gaggeessuuf gargaaru.

Keessatti hirmaannaa gaarii taasisuu fi tajaajilawwan gaarii


*Hirmaannaa hawaasaa jaba taheen akkaataa argamiinsa (access), dhimmi itti bahiinsa (use) fi dhimma baasummaa tajaajilaa (effectiveness) fooyyessuu*

Waliin waltahiinsa dandeettii ijaarrachuu

*Hawaasotni akka hoggananiif fi dhiheessaniif waliin waltahiinsotaa fi hireelee jaboo tahan akka ijaaramaniif tumsuu*

Beekumsaa fi ragaa fooyyessuu

*Gaggeessummaa karoora egeree qajeelchuuf beekumsaa fi akkaataa argamiisaa hawaasotaa jabeessuu*



## WANNEEN FUULLEFFATAMANII FI MATA-DUREELEE

Waantonni xiyyeeffannoo argatan kunneen hundi waantota diinagdee fi gamtooma nagahoomaa ummata hawaasota Afrikaa gadi xiqqeessaniif deebii itti kennuuf akeekkata.

Karoorri kun walakkaa ol kan tahan dargaggoo, fi maatii isaanii deeggaruu fi jajjabeessuuf kan kaayyeffatee dha.

Akkuma karoorri kun wagga 10f tahe, karoorri hammi tokko dafanii hojii irra ogguu oolchaman yoo ta'u gariin isaanii garuu karoorri bal'aan itti baasamee gara fuulduraatti kan hojii irra oolchaman tahu.

### Akkaattaa fuul-dura itti deemamu

Itti-gaafatamummaan jajjabeessama kanaa mootummaa tokko, yokan hawaasa tokko irratti kan kufu miti.

Karoorra kana hojii irra oolchuun waltahiinsa gamtaatiin kan gageessamuu dha. Kana jechuun namootaa fi dhaabbilee hunda guutummaa hawaasaa keessaa akkasumas mootummaa fi jaarmiyaa adda addaa sadarkaa gara garaa irraa keessatti hirmaachisuu jechuu dha.

### Hojiirra olmaa keessatti dursi kan kennamuuf

AMWG wanneen waantonni gudguddaan sadii barbaachisoo tahan qajeeltoo ta'uu akka qaban dubbata.

1. Bulchiinsaa fi waltahiinsa cimaa
2. Guutuu Victoria keessatti hawaasota kaadhimuu
3. Guddina jiru madaaluu, to'achuu, gamaaggamuu fi gabaasuu

WAANTOTA FUULLEFFATAMAN	MATA-DUREELEE WANNEEN AKEEKAMAN KANA KEESSATTI HAMMATAMAN	
<b>DALDALA (BUSINESS)</b>	Daldala Hojii uumuu fi kalaqaa (Entrepreneurship and innovation)	Walittihidhata daldalaa fi michummaa Nagada fi homishata
<b>DALAGAA ARGADHUU (EMPLOYMENT)</b>	Qophaahinsa dalagaaf Mana barmootaa addaan kutuu fi dhiheenya kan xumuran Dalagaa argachoofi fo'atamuu	Beekumsa biyya alaa fi dandeettii duraan qaban Dalagaa irra turuu fi sadarkaa guddisachuu
<b>BARMOOTAA FI LEENJII</b>	Barmoota daa'immanii eegala barmootaa Barmootaan wal qabachuu Sagantaalee yeroo barmootaa duraa fi boodaa Ijoollee umriin barmootaaf gahee fi dargaggoota	Barmoota nam-guddootaa fi leenjii Muuxannoo hojii fi tala oltummaa (volunteering) Barmoota ol-aanaa fi leenjii hojii- harkaa
<b>FAYYAA FI NAGAHOOMA</b>	Fayyaa sammuu Fayyaa qaamaa fi dhukkuba Yeroo dheeraaf turu (yelalsaa) Jeequmsa maatii keessaa	Dargaggoota balaaf saaxilaman Jaarolee fi nam-guddoota Maatiilee jabeessuu
<b>KEESSATTI HAMMATAMUU FI AANGESSUU</b>	Kanneen haaraa reef-qubatan Namoota qaamaa dhibamtoota Jaarolee fi jaartolii Saalaa fi saalummaa	Ummata Sirna Haqaa keessatti Dubartoota fi wal-qixooma Saalaa Eegumsa Daa'immanii
<b>HOGGANUMMAA, WALITTIDHUFEENYAA FI WALQABATIINSA</b>	Hogganummaa hawaasaa Beekumsa waliif qooduu fi qindeessuu Walqabatiinsa hawaasa hundaa biratti Dargaggoota (Dardaroota)	Bu'uraalee misoomaa (Infrastructure) fi bakkoolee haalawwan mijaahan (facilities) Sab-qunnamtii (Media) Seera Australia hubachuu fi qaama angeffameef abboomamuu

